# Calallii Dhageettii Daa'imman Reefuu Dhalatanii

## WARAQAA IBSITUU

**Newborn Hearing Screening Fact Sheet — Oromo**



### Calalliini dhageettii daa’imman reefuu dhalatanii maalidha?

Calalliin/Sakatta’insi dhageettii daa’imman reefuu dhalatanii qorannoo sadarkaan dhageettii daa’immanii daangaa idileetiin ala ta’e sakatta’uudha. Calalliin kun kan daa'imman reefuu dhalatan sakatta’aman sadan raawwatamuu qaban keessaa isa tokko yoo ta'u, calallii saamuda dhiigaa daa’imaa fi qoranno onnee fi sombaa/ oksiimeetirii waliin kan ilaalamudha.

Calallii samuda dhiigaa | Calallii dhahannaa onnee | Calallii dhageettii

## Calallii dhageettii maaliif barbaachisaa ta’e?

Dubbiinii fi afaan yeroo dhalatan guddachuu waan jalqabuuf dhageettii irratti waan addaa jiru kamiyyuu hanga danda’ametti dafanii adda baasuun barbaachisaa dha. Daa’imni sadarkaa dhageettii daangaa barameen alatti qaban gargaarsa duraanii malee dubbii fi afaan irratti rakkachuu danda’u. Daa’imni tokko sadarkaa dhageettii daangaa idileetiin ala yoo qabaate/tte, yeroo baay’ee maatii ykn tajaajila kennitoota biratti hin mul’atan; sababiin isaas daa’imman kun baay’een isaanii sagalee guddaa dhagahuudhaan waan rifataniif inumaayyuu sagaleewwan xiyyeeffannoon dhaggeeffachuutu irratti mul’ata. Calalliin hordoffii waliin yaalii qorannoo sadarkaa dhageettii daangaa barameen ala dafanii argachuuf karaa tokkicha. Daa’imni keessan umurii xiqqaatti sadarkaa dhageettii daangaa barameen ala akka qabu baruun keessan isinii fi daa’imni keessan karaa itti waliin haasoftan/qunnamtan hundarra gaarii ta’e akka argattan gargaara.

## Dhageettiin daa’ima koo akkamitti fi yoom sakatta’amaa?

Calallii dhageettii daa’imman gurguddatanii fi ga’eessotaaf godhamu irraa karaa adda ta’een, calalliin dhageettii daa’imman reefuu dhalatanii daa’imman keessan irraa hirmaannaa cimaa hin barbaadu. Bakka isaa immoo, meeshaa calallii xiqqaa sagalee lallaafaa kan baasu keessi gurraa ykn narviin dhageettii daa’ima keessanii akkamitti deebii akka kennu safara. Malootni lamaan yeroo ammaa calallii dhageettii daa’imman reefuu dhalataniitiif hojiirra oolaa jiran Otoyakawostik immishinii (OAE) fi awutomeetid awudiitorii bireensteem riispoonsii (AABR) dha. Balballoomii dabalataaf karaa duubaa ilaalaa.

Calalliin hanga danda’ametti dafee raawwatamuu kan qabuu fi daa’imni keessan osoo ji’a tokko hin guutin haala gaarii ta’een ni xumurama. Daa’imni keessan hospitaala keessatti yoo dhalate, isinii fi daa’imni keessan osoo gara manaatti hin deebi’iin dura qorannoon jalqabaa raawwatamuu qaba. Calalliin dhageettii kan raawwatamu yerroo daa’imni keessan tasgabbaa’u, nyaata gaarii nyaatu fi mijataa ta’ettidha.

## Bu'aan calallichaa maal jechuudha?

Daa’imni keessan bu’aa PASS (DARBEERA) jedhu yoo argate, calalliin kun yeroo sanatti dhageettiin daa’ima keessanii fayyaalessa ta’uu isaa agarsiisa. Dhagahuu/dhageettii dhabuun jireenya nama tokkoo keessatti yeroo kamiyyuu uumamuu waan danda’uuf, haa ta’u malee, yaaddoo dhageettii dhabuu ykn umurii dubbachuu qabutti dubbachuu dadhabuu kamiyyuu dhiyeessaa yaala fayyaa daa’ima keessanii wajjin mari’achuun barbaachisaa dha.

Daa’imni keessan bu’aa REFER/bu’aa qorannoo hin darbine yoo argate, qorannichi daa’imni keessan sagalee dagaagina dubbii fi afaaniitiif barbaachisoo ta’an hunda dhaga’uu isaa mirkaneessuuf qorannoon dabalataa akka barbaachisu agarsiisa. Dhiyeessaan tajaajila fayyaa keessan dafee hordoffiidhaaf beellama akka qabattan isin gargaara.

## OAE fi AABR akkamitti hojjetuu?


Yeroo qorannon OAE taasifamu, fiixeen waan akka laastikaa lallaafaan tokko tokkoon gurraa keessa kaa'ame sagalee lallaafoo kan kennu yoo ta'u, goowaa/iikkoo/sagalee deddeebisuu/ isa yommuu gurri fayyaalessa ta'ee hojjetutti uumamu safara. Yeroo qorannoon AABR taasifamu immoo, gurratti-dhageessiftuun(earphone) sagaleewwan qorannoodhaaf ni gadhiisa/dabarsa. Meeshaaleen sensaroonni(Kan waa adda baafatu) mataa fi morma daa'imaa irra kaa'aman narviin dhageettii daa'imaa sagaleewwan sanaaf akkamitti akka deebii kennu safaru. Qorannoowwan OAE fi AABR lamaan isaaniif kompiitaraan bu'aan isaa PASS ykn REFER/ bu'aa qorannoo kufaa ta'uu isaa safara.

## Sagantaa Dandeettii Dhageettii Dursuun Adda Baasuu fi Gidduu-Seentummaa

Sagantaa Dandeettii Dhageettii Duraa Adda Baasuu fi Gidduu-Seentummaa (EHDI) daa'imman reefuu dhalatanii fi araasiin sadarkaa dhageettii daangaa baratameen ala qabaachuu isaaniitiin balaa qaban ykn balaadhaaf saaxilaman adda baasuuf kan gargaaru yoo ta'u, maatii gara tajaajiloota gidduu seensaa sirrii ta'etti qajeelcha.

Galmi sagantaa EHDI daa'imman hundi kanneen armaan gadii akka qabaataniif:

- **dhageettii umurii ji'a 1** dura qoratame. **dandeettii dhageettii umurii ji'a 1 dursee** akka qoratamuufidha
- **madaallii qorannoo dhageettii ji'a 3 dura** argachuu akka qabaniifidha
- **tajaajila gidduu-seentummaa duraanii ji'oottan 6** dursee jalqabame akka qabaataniifidha




Weebsaayitiin sagantaa EHDI Minnesota maatiif, dhiyeessitootaa yaala fayyaa fi ogeessota biroof leecalloowwan ni dhiyeessa. Maatiin waa'ee adeemsa EHDI baruu, meeshaalee madaallii sadarkaa dhageettii daa'immanii, leecalloowwan gidduu-seentummaa duraanii, fi ispeeshaalistii/ogeeyyii addaa dhageettii fi leecalloowwan barnootaa naannoo isaaniitti argachuudhaan isaan qajeelchuuf gargaaran argachuu danda'u. Marsariitichi maatiin sirna deeggarsa maatii fi hawaasa naannoo isaaniitti argamu waliin akka walqunnaman gargaaruufis odeeffannoo ni kenna.

**KANA BEEKTUU LAATA?**

**WAGGAATTI, DAA'IMMAN**

**300 keessaa DAA'IMNI 1**

**MINNESOTA KEESSATTI**

**SADARKAA DHAGEETTII BARATAMEEN ALA**

**KAN KARAA CALALLII DHAGEETTII DAA'IMMAN REEFUU DHALATANIIN ARGAMUU DANDA'U QABAACHUUN DHALATU.**



## Gaaffiiwwan dabalataa waa'ee calallii?

Sagantaa Calallii Daa'imman Reefuu Dhalatanii (800) 664-7772* bilbilaa ykn toora interneetii irratti nu daawwadhaa:[ www.health.state.mn.us/newbornscreening ykn www.health.mn.gov/improveEhdi

**turjumaanonni ni argamu*

DEPARTMENT OF HEALTH

REV 2/2025

ID# 53323-OR

Minnesota Newborn Screening Program | www.health.state.mn.us/ newbornscreening
P.O. Box 64899, St. Paul, MN 55164
Odeeffannoo kana bifa adda ta'een argachuuf: health.newbornscreening@state.mn.us argadhaa ykn (800) 664-7772 irratti bilbilaa ***turjumaanonni ni argamu***